

STAY SAFE MN

# Bu'aa Qorannoo COVID-19 Yemmuu Eeggattan Wanta Gochuu Qabdan



## Erga qoratamtanii booda



- Mana turaa, warra kaanirraa ammo fagaadhaa, keessumaa yoo mallattoo qabaattan. Mallattoowwan yoo hinqabaanne illee, mana turuutu filatama, yoo manaa ba'uun dirqama isinitti ta'e garuu aguugduu fuulaa godhadhaa, akkasumas namoota biroo irraa fiitii 6 fagaadhaa.
- Bu'aan qorannoo keessan poozetiivii yoo ta'e yoo xiqqaate guyyoota 10f mana turuuf waan dirqamtaniif wanta hojjechuuf jettan karoofachuu eegalaa.
- Namoota dhiyeenya kana itti siiquun quunnamtan maqaa isaanii tarreessaa. COVID-19n qabamuu akka maltanii fi hanga bu'aaqorannoo keessanii dhagaa'anitti namoota biroorraa akka fagaataniif itti himaa.



- Nama COVID-19n qabame waliin quunnamtii qabaachuu keessaniif qoratamtanii garuu mallattoowwan hinqabdan yoo ta'e, hanga bu'aan qorannoo keessan isin qaqqabutti mana keessa turuu qabdu. Yooma bu'aan qorannoo keessanii negetiivii ta'e iyyuu dhukkubsachuu waan dandeessaniif guyyoota 14f mana keessa turuu qabdu.

- Adeemsa qorannoo fayyaa fuula keessan dura jiruuf qoratamtanii mallattoo hinqabdan yoo ta'e, hanga bu'aan qorannoo keessanii isin qaqqabutti mana turuu hinqabdan.



- Bu'aa qorannoo keessanii argachuun guyyoota hedduu isinitti fudhachuu danda'a. Bu'aan qorannoo keessanii karaa ii-meeyilii ykn barreeffama gabaabaa ykn/fi karaa bilbilaatiin isin qaqqaba.



- Mallattoolee keessan to'adhaa. Yoo isinitti ammaate, dhiyeessaa tajaajila fayyaa keessan quunnamaa. COVID-19 qoratamtanii akka turtan itti himaa.



## Qorannoon keessan yoo poozetiivii ta'e

- Kana jechuun yeroo ammaa COVID-19 qabdu jechuudha.
- Mana turaa. Hojjetaan tajaajila fayyaa uummataa isiniif bilbila. Bilbila isaanii kana deebisuufiin keessan barbaachisaadha. Waa'ee karaa ittiin COVID-19f saaxilamuun danda'amu, kan akka namoota kallattiidhaan quunnamtii waliin qabaattanii fi bakkeewwan daawwattan ilaalchisee gaaffiiwwan isin gaafatu.
- Wanta gochuu qabdaniif fi yeroo hammamiif mana keessa turuu akka qabdan ilaalchisee odeeffannoo dabalataa illee isiniif ni kennu.



## Qorannoon keessan yoo negetiivii ta'e

- Kana jechuun yeroo ammaatti COVID-19 hinqabdan. Haata'u malee, yeroo kamittuu dhukkubichaaf saaxilamuu ykn dhukkubsachuu dandeessu. Ofii keessanii fi namoota biroo COVID-19 irraa eeguuf tarkaanfii fudhachuu itti fufuu qabdu.
- Mallattoolee COVID-19 yoo godhattan ammoo, waa'ee irra deebiin qoratamuu hakiima keessan ykn dhiyeessaa tajaajila fayyaa biraatti himaa.



## Odeeffannoo dabalataaf

**Marsariitii COVID-19 kan Kutaa Fayyaa Minnesota**

<https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/>

**Toora gargaarsaa Minnesota 651-297-1304 or 1-800-657-3504**  
(Wiixataa hanga Jimaataatti: sa'aatii 9 a.m. hanga 4 p.m. tti).

**mn MINNESOTA**

Kutaa Fayyaa Minnesota | [health.mn.gov](http://health.mn.gov) | 651-201-5000

Danaa biraatiin gaafachuuf [health.communications@state.mn.us](mailto:health.communications@state.mn.us) quunnamaa.

8/24/2020 (Oromo)